

Macaafa Qulqulluu Daa'immaniif Dhihaate

Ari'achuu Irraa Gara Lallabuutti

Kan barreeffame: Edward Hughes

Kan ibsame: Janie Forest, Alastair Paterson

Kan dagaagsame: Ruth Klassen

Kan hiikkame: Zemendale Translation Service
email: zemendale@gmail.com
Po Box 32155, Addis Ababa, Ethiopia

Kan qophaa'e: Bible for Children
www.M1914.org

©2024 Bible for Children, Inc.
Eeyyama: Seenaa kana hamma hin gugurreetti garagalfacuus ta'ee Maxxansiifacuu ni dandeessu.

Waldaa ishee jalqabaa
keessatti waaqayyoo saba
isaa fayyadamuudhaan
waan guddaa hojjeteera.
Namin maqaansaa Filiphoos
jedhamu tokko, magaalaa
namooti baayyatan
keessatti waa'ee Yasus
lallabuu irraa kana ka'e
yeroo hin qabu ture.
Garuu Waaqayyo lafa
onaatti isa erge.
Maaliif?

Waaqayyo imalaan akka lafa onaa keessa jiru in beeka, Kaandakee mootii warra Itiyoophiyaa. Daandii isaa kitaaba adda ta'e in dubbisa ture. Kitaabichi maal akka ta'e in tilmaamtaaa?



Yeroo Filiphoos Waaqayyoof abboomamu, Waaqayyo isa gara geggeessummaatti akka dhufuuf sududaan isa geggeessuun utuu ofii isaatii hinhubatin sagalee Waaqayyoo dubbise.

“Kana jechuun maal jechuudha?” geggeessaan Filiphoosiin gaafate. Konkolaataa kotte duudaan harkifamu lafa onaa keessa deemuu Filiphoos afaan isaa banate, dubbii macaafa dubbisuun waa’ee Yasus dhugaa itti ba’e.



Battaluma kanaan mootiin Afirikaa ergaa macaafa qulqulluutti amane, innis Yasus ilma Waaqayyoo ta'u. Bishaan kunooti, "Akan hin cuuphamne maaltu najalaa dhokise?"

Achiin booda Filiphoos akka jedhe, “Garaa kee guutuudhaan yoo amante, siif in danda’ama,” jedheen. Mootiin deebisee, “Yasus Kirstos ilma Waaqayyoo akka ta’e nan amana,” jedhe. Filiphoos fuudha gara bishaanii deemuun isa cuuphe.



Yeroo isaan bishaan keessaa ba'an hafuurri Filiphoosiin butee fudhatee adeeme mootiin Afiriikaa sun deebi'ee isa hin agarre. Haata'u iyyuu malee karaa isaa itti fufee gammadaa adeeme.

Garuu namootin muraasin kiristaanummaa jibban. Isxifaanos, hiriyaan Filiphoos, aaruu namoota waa'ee Yasus kirstoos dhaga'uu hin barbadine du'e. Nama Xarsees Saa'ol jedhamu Isxifaanosiin ajjeesan gargaare. Saa'ol kirstiyaanota hundumaa jibbe.

Saa'ol, bartoota gooftaa doorsisuu fi ajjeesuutti jibba kirstiyaanotaatiin baanbanaa mirga dhiiraa fi dubartii Yasusiin hordofan hidhuu akka qabaatuuf xalayaa gara angafa lubootaa fudhatee dhaqe.



Saa'ol hiyyeessichi Xaarsees! Yoom akka saba Waaqayyoo madeesse hin beeku, Waaqayyo gooftaa Yasus akka madeessedha. Waaqayyo Saa'oliin dhaabsisuu qaba. Garuu akkamitti?

Waaqayyo Saa'oliin
to'annoo jala oolche!
Utuu gara magaalaa
Damaasiqootti
deemaa daanddii irra
jiru dingata ifin
guddaan waaqa irraa
balaqeessa'e.
Saa'ol lafa dha'e
sagalee dhaga'e.



"Eenyu Goofataa?" jechuun Saa'ol iyye.
"Ani Yasus, ani isa ati ari'attuudha."
Hollachuu fi dinqisiifannaadhaan, Saa'ol gaafate, "Waaqayyo maaliif nabarbaadde?"
Achuman Waaqayyo, "Ka'I gara magaalaa deemi, waan ati hojjettu sittan himaa."

Namooti isa waliin deemaa turan sagalicha dhaga'anis ijan homaa hin argine. Saa'ol lafaa ka'ee –yeroo of ilaalu waan tokko illee arguu hin dandeenye. Kanaaf, harka isaa qabanii Damaasiqootti galchan.



Magaalaa keessatti, hamma
guyyaa sadiitti waa arguu
hin dandeenye; yeroo
kanattis homaa hin nyaanes,
hin dhugines. Kadhata
gooftaa Yasus
isa daandii Damaasiqoo
irratti isa argee
irra ture ta'a.



Gooftaan waan hundumaaf karoora qaba. Duukabuutuun gooftaa keessa Annaaniyaa kan jedhamu tokko Damaasiskoo keessa ture. Saa'oliin gargaaruuf itti erge. Annaaniyaan sodaa guddaan guutame. Yeroon in harka isaa Saa'ol irraan ga'u – jaamummaan Saa'oliin gadhiise – achumaan Saa'ol hafuura qulqulluun gutame.





Saa'ol in cuuphame. Isa booda nayaata in nyaate, in jabaate. Saa'ol jabina barbaada. Waan baayyee barbaachisaa ta'e tokko raawwachuu qaba.

Saa'ol ergasii Saa'ol utuu hin turin manneen sagadaa keessatti, "Yasus ilma Waaqayyoo ti," jedhee lallabe.

Warri isa dhaga'an hundinuu dinqisiifatanii, "Namichi kun, isa Yerusaalemitti warra maqaa Yesus waammatan balleessuuf dhama'aa ture mitii?" Karoora ajjeechaa dhokisaatti isa karoorfate Saa'ol.



Maaglicha gad hindhiisu taanaan diinoti Saa'ol haaraan balbala kellaa magaalichaa irratti ajjeesuuf mar'achaa turan. Warri garee isaatii kirstiyaanoti garuu gaafa tokko halkan geessanii, guuboo keessa kaa'anii masaraa gubbaadhaan gad isa buusan.



Isa booda, Saa'ol kirstiyaanota ar'achuu kan ture gooftaa Yasus kirstoositti amanaa jabaa ta'e.

Ari'achuu Irraa Gara Lallabuutti

Seenaa Sagalee Waaqayoo Macaafa Qulqulluu

kan keessatti argamu

Hojii ergamootaa 8-9

"Saaqamuun dubbii keetii ifa in kenna."
Faarsaa 119:130


Xumurameera

Seenaan Macaafa Qulqulluu kun kan haasa'u waa'ee Waaqayyo keenya Isa dinqii Isa nu uumeefi Isa akka Isa beeknu barbaaduuti.

Waaqayyo wanta hamaa isa Inni cubbuu jedhuun akka raaw'anne ni beeka. Adabbiin cubbuu du'a. Waaqayyo garuu guddaa si jaallata, kanaaf cubbuu keetiif akka fannoorratti du'uufi akka adabamuuf Tokkicha Ilma Isaa Yesuus dabarsee siif ni kenne. Sana booda Yesuus gara jireenyaatti deebi'ee gara iddoo jireenya Isaa gara Waaqaa ni deeme! Yesuusitti amantee cubbuu keetiif akka siif dhiisuuf yoo Isa gaafatte, Inni siif ni dhiisa! Yeroo kana dhufee si wajjin ni jiraata, akkasumas immoo atis Isaa wajjin bara baraaf ni jiraatta.

Inni kun dhugaa ta'uu isaa yoo amante, Waaqayyoon akkas jedhiin: Yaa Yesuus, Ati Waaqayyo ta'uu kee fi cubbuu kootiif du'uuf jettee akka annaf dhufte nan amana, ammas kunoo deebitee ni jiraatta. Maaloo gara jireenya kootti koottuutii amma jireenya haaraa akkan jiraachuu akkan danda'uufi guyyaa tokko sin wajjin bara baraaf jiraachuuf gara kee akkan dhaquuf cubbuu kootiif naaf dhiisi. Abboommii kee akkan eeguufi akka mucaa keetti akkan jiraadhuuf na gargaari. Ameen.

Macaafa Qulqulluu dubbisiitii guyyuma hundumaa Waaqayyoo wajjin dubbadhu! Wangeela Yohaannis 3:16